# Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

## Aangootti Dhufuu Iyyaasuu



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Museen erga du'e Iyyaasuun saba
Israa'eliin akka geggeessuuf
Waaqayyo isa filuu isaa bare.
Dursee loltuusaa fi of qopheesse.
Yoo sabin Waaqayyoo yeroo
hundumaa dubbii sagalee
Waaqayyoof abboomame
biyya kakuu sanatti
mo'ichaan akka
galu Waaqayyo
Iyyaasuuf
kakuu gale.

Sabin Israa'el Iyyaasuu fi yeroo hundumaa dubbii sagalee Waaqayyoof abboomamuuf waadaa galan. Geggessaa ogeessichi haaraan humna ittisa magaalaa gudditti Yerikoo adda baasuuf basaastuu Kana'anitti erge. Dirreen lolaa Israa'el inni jalqabaa bakka kana.



Namin ta'e tokko akka basaastuun magaalaa Yerikoo keessa jiru mootii Yerikootti hime. Akka barbaadaniif loltoota isaa erge. Barbaachi basaasaa bakka basaasaan jiru mana Rahaabitti jaqabe. Loltooti akka tasaa balabala mana Rahaabitti sagalee jabaa dhageessisan. Rahaabis saffisaan huuba jala dhokisite.

Yeoo loltooli deeman, Rahaab fooxaa diimaa fanniftee namichi masaraa maagilichaa ala ta'e. Rahaab maaliif basaasaa gargaarte? Akka Waaqayyo isa waliin jiru waan beekituuf. Waaqayyo jireenya ishee akka bilisa baasu barbaadeeti. Basaasaan sun Rahaabiyaa fi maatii ishee akka oolchu waadaa galeef.

Utuu Yerikoo hin ga'in, sabin Israaa'el Kana'aanitti ce'uuf laga Yoordaanos ce'uu qabu, lafa kakuu isaanii, haata'u garuu lagichi riqicha hin qabu! Sabin Isiraa'el akkamitti ce'a?



Lubooti loltuu fi saba akka dursan jechuun Waaqayyo Iyyaasuutti hime, gabatee kakuu abboommii kurnan qabu baatanii dura deemu tura. Yeroo miilli isaanii qarqara lagichaa tuqu Waaqayyo waan diniqii hojjete. Daandii qooraa lagicha keessa ittiin ce'an itti baase.



Boodaan namoti rakkoo tokko malee lagicha yeroo ce'an dhagaa guddaa kudha lama laga keessa dhaaban. Haala walfakkaatuun yaa'a laga Kana'aan keessa dhagaa guddaa kudha lama dhaaban. Sabin kun guddummaa humna Waaqayyoo fi jaalala isaa ijoolleen isaanii barsiisuuf dhagaa kana dhaaban.



Yerikoon masaraan qal'oo jabaa qabdi ture. Akkuma Iyyaasuun lolatti ba'uuf karoorseen Waaqayyo ogganaa waraanaatti waaqarraa itti erguun saba isaaf jecha adda waraanaa kana irratti Waaqayyotu mo'a jechuun itti hime.



Waaqyyo akkamitti akka Yerikoo to'atu Iyyaasuutti hime. Karoora ta'ee hin beekine keessummaa itti hime. Sabin Waaqayyo guyyaatti al tokko guyyota ja'af magaalaa Yerikoo naanna'an, gaafa guyya torbaffaa si'a torba hanaanna'an. Meshaa muuziqaatiin sagalee jabaa afuufuun haadhageessisan gaarri magaalicha ittisuuf dhaabbate hunduu in kufa indiigamas.

Iyyaasuu fi loltooti isaa akkuma Waaqayyo isaan ajaje taasisan. Sabin Yerikoo isaanitti kolfe. Gaafa guyyaa torbaffaa naanna'uu torbaffaa naanna'an lubooti fiinoo afuufan. Akkuma Waaqayyo saba isaaf waadaa gale . . .

7

MASARAA IYYAARIKOO GUDDICHI DIIGAME!







Yeroo gaarri Yerikoo jigu Mana Rahaabaa qofatu hafe. Fooxaa halluu diimaa qabu foddaa irratti fannifuft. Atattamaan gareen warra Iyyaasuudha Rahaabaa fi maatii ishee balaa irraa oolcha. Akkuma ajaja Waaqayyootti Yerikoo in jige.



Warqee, Meetii fi qabeenya Yerikoo keessaa jiru tajaajila Waaqayyoof oolchuuf Iyaasuun kuattannoodhaan murteesse. Nama magaalaa cubbamtuu deebisee ijaaru inabaare.



Akkuma sanaan namoonni Kana'aan keessa jira Iyyaasuun Iyyaarikoo injifachuu dhga'an. Waaqayyo saba isaa waliin akka ta'es hubatan.

Aangootti Dhufuu Iyyaasuu

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Iyyaasuu 1-6

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16